

ILKAAN KEE



KUNUUNSI

MAQAA: _____

Yaadachiisa Maatii fi Guddiftootaaf



Giddu-galli To'annoo fi Ittisa Dhukkubaa maatiin ijoollee isaanii waliin haala walitti dhufinsa qabuun karaa ilkaan isaanii itti kunuunsan irratti haasa'uuf akka gargaaruuf kitaaba hojii kana uumeera. Amaloota idilee fayyaa afaanii, kan akka ilkaan rigachuu, kirrii ilkaaniin Ilkaan gidduu ququlleeffachuu, fi ogeessa ilkaanii idileedhaan daawwachuun nyaatamuun ilkaanii ittisa. Kitaabni hojii kun daa'imman umuriin isaani waggaa 3-8 ta'aniif kan gorfamu dha.



HOJII HALLUU DIBUU.

Ilkaan kee saamunaa ilkaanii filoorayidii qabuun guyyaatti si'a lama daqiiqaa 2'f rigachuu hin dagatin.


Ilkaan armaan gadii halluu filatamtuu keetiin dibi!



Suuraa kana irratti ilkaan meeqa akka rigamuu qabu lakkaa'uu dandeessaa? _____

ILKAAN KEE NYAATAMUU ILKAANII IRRAA EEGI!

Waan ilkaan keef ta'u halluu dibi, waan siif hin taane irra X
itti godhi.




SOSOCHII SARARA WAL XAXAA ILKAANII

Guyyaa guyyaan ilkaan kee kirrii ilkaaniin ququlleeffachuu yaadadhu.


Kirriin ilkaanii guutummaa Ilkaanicha hunda akka ga'u gochuu dandeessaa?

JALQABI



BARBAADIARGADHU.

Suura kana keessa meshaalee dhoksaman kanneen argachuu dandeessaa?



KIRRII
ILKAANII




AFAAN SEEQU



LAKKAA'A YEROO
DAQIIQA 2



RIGAA
ILKAANII



SAAMUNAA
ILKAANII




KUBBAYYAA
BISHAANII

TUQAALEE WAL QUNNAMSIISI

Ganamaa fi rafuun dura yoo xiqqaate daqiiqaa lamaaf ilkaan kee rigachuu akka qabdu beektaa? Yeroo ilkaan kee rigattu sirba jaallattu daqiiqaa lamaaf dhaggeeffachuun si gargaaru danda'a.

Yeroo ilkaan kee rigattu mara sirba kee ykn lakkaa'a yeroo kee daqiiqaa lamaaf sirreeffadhu. Kana gochuun jarmiiwwan ilkaan kee irra jirachuu danda'an balleessuuf gargaaru danda'a.

Goota fayyaa afaanii ta'i! Meeshaa hordoffii yeroof fayyadu argachuuf tuqaalee wal qunnamsiisii.



HOJII GAARII!

(Maqaa kee)

waa'ee fayyaa afaanii waan
baay'ee baratte!

**Goota fayyaa afaanii ta'uuf wantoota armaan
gadii gochuu kee yaadadhu:**

- Guyyaatti al lama ilkaan kee rigadhu!
- Guyyaa guyyaan ilkaan kee kirrii ilkaaniidhaan ququlleeffadhu!
- Nyaata sukkaara qabu dhiisiitii kuduraa fi muduraa nyaadhuu!
- Bishaan filooraa yidii of keessaa qabu dhugi!
- Ogeessa ilkaanii kee yeroo murtaa'e keessatti daawwadhu!

**Wantootni ani baradhe
muraasni kunooti:**

1 _____

2 _____

3 _____

